# سُورَةُ الإِنسَانِ
# Suuraa Insaan

| | |
|---|---|
| قبل كل شئ هي سورة الإنسان | *Dura dursoo suuran tun suuratul'insaan je'amti |
| وهي مكية أو مدنية | *Isiin suuraa makkaati, takkaa ta madii'aati |
| وآياتها ( ٣١ ) | *Aayaanni isi'ii soddomii tokko {3l}. |
| وترتيبها ( ٧٦ ) | *Lakkooysi isi'ii torbaatamii jaha {76} |
| نزلت بعد سورة الرحمن | *Isiin eega suuraa rahgmaauii buute |
| بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ | *jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii. |
| هَلْ أَتَىٰ عَلَى ٱلْإِنسَٰنِ | *Si namicha nuti uumne, kan aadam je'a-murra, dabree hin jiruu?, |
| حِينٌ مِّنَ ٱلدَّهْرِ | *Barri afurtamni irran dabarree ? odoo ru-uhin ittin afuufamin, eeguma akka nama-tti borbodarraa tolfamee makkaafii xaa'if jidduu bakka takka khaayame, |
| لَمْ يَكُن شَيْـًٔا مَّذْكُورًا ﴿١﴾ | 1} * Kan bara afurtamman san keessatti |

nama hin je'amne,suuraa biyye'ee tayuu malee, maalif nama jechuun suuraa biyye'erraa uumamte qofaa mitii,nama jechuun;suuraa biyye'erraa ,tolfamte-efii , lubbuu yookaa ruuhii eegasii itti afuufamte sani,wanni nuu odeeffame; Rabbiin aadam,abbaa namaa ,akki itti uume; malaaykaa ajajeeti bordoda go-sa biyye'ee hundarraa fuudhee,bordonni sun amata afur tama taa'ee gurraa-chome, ammas eegasii barri afurtam irra dabree, eeg asii qaamni isaa bord-oda saniraa dhawamee bara afurtam taa'ee, eegasii qaama namaa godhee uumee, ammas bara afurtama taa'ee, eegasii ruuhin itti afuufamte ,duuba warri amata afurtamtu irra dabre je'u, wanni itti fedhe, isaa borbodaati ama-nni afurtam irra dabre jechu' ,ammoo waan eega san, odoo ruuhin ittin afuu-famin irra dabre hin dubbanne jechu', tanaaf walii gala bara, odoo ruuhin itt-in afuufamin, aadamirra dabre yoo laalle bara dhibbaafii diiddama.

| | |
|---|---|
| إِنَّا خَلَقْنَا ٱلْإِنسَٰنَ | *Nuti i1maan aadam uumnee jirra, |
| مِن نُّطْفَةٍ | *bishaan dhiiraa dhala'arraa bayurraa |
| أَمْشَاجٍ | *Kan gadaamessa keessatti walitti makh- |

amu bishaan dhiiraa adii furda',kan dhala'aa daalacha gal'aa ilmoon bishaan lamaanirraa.kan irra aanu fakkaatta,ammoo yoo bishaan dhiiraa dura dabre, dhiira taya, hoggaa taan dhala'a, ibnu abbaas akki je'e; bishaan lamaan gadaamessa keessatti laaqamerraa.Rabbiin ilmoo uuma, moorgayaafii, lafe'eefii, jabeenyi bishaan dhiirarraayi ,ammo foonifii, dhiigafii, rifeensi,bishaan dhala'arraayi je'an hogiin ilmoon haala sheyxaanatiin uumamti, sun ilmoo hoggaa jaarti'itti dhaqan sheyxaanarraa Rabbitti hin maganfatini, maalif sheyxaanni hoggaa san dhiiran wajji jaarti'irraa qooda fudhataa,ilmoo san ni miidha, guddattullee haala sheyxaanaa hin dhabdu, nabi Muhammad akki je'e; {odoo tokkoon keessan, hoggaa jaartii isatti ida'amu'uu deemu; {bismillaah alIaahumma jannibnasheyxaana,wa jannibisheyxaana maa razaqtanaa} je'ee , duuba ilmoon jiddu'uu dhalattee, ilmoo san shayxaanni, takkaajinniin miidhuu hin dandeessu, ammallee ilmoon sun nama tolaa taati,hunoo akkana je'a; { بسم الله اللهم جنبنا الشيطان وجنب الشيطان ما رزقتنا } abbiitinan waanin deemuf dalagaa, yaa Rabbi ibliis takkaa sheyxaana nurraa fageessi.waan nuu kennite, ilmoo nu razaqturraa isa fageessi jechu'u} Rabbiin akki jere; "Ianni i1ma aadam bishaanirraa uumnee, waa hundaan qananiifnef.

نَّبۡتَلِيهِ

*Isa mokkoru'uufi waan kana dalagi . waan kana dhiisi jennee, akka dubbii teenya dhagayuufii, kaan laalu'uu jecha,

فَجَعَلۡنَٰهُ سَمِيعَۢا بَصِيرًا ﴿٢﴾

2}*Tanaaf jecha,kan akkaan waa dhagayee , argu goone.

إِنَّا هَدَيۡنَٰهُ ٱلسَّبِيلَ

*Ammallee tanaaf jecha,karaa gaari'ii hamaa adda isaaf baafne, anbiyaa itti erginee , eega ayli'iifii,waan wahiin beekhu hunda isaa kenninee,

إِمَّا شَاكِرٗا وَإِمَّا كَفُورًا ﴿٣﴾

3}*Duuba namni nuti uumnee, wahayyuun isa qananiifne sun haala lama keessa tokkorraa qullaan tayu, takkaa amanee waan gaarii dalagee, waan Rabbiin isaa kennerratti kan galata isaa galchu tayuu, takkaa kafaree waan hamtuu dalagee, waan Rabbiin isaaf kennerratti kan galata isaaf hin galchine tayuu, lamaan kanarraa tokko tayuun isaa beekkamuun oolu, duubanamni amanee Rabbiif galata galche, ifumatti tole, ammoo namni kafaree Rabbiif galata galchuu dhiise, ifumatti balleyse.

إِنَّآ أَعۡتَدۡنَا لِلۡكَٰفِرِينَ سَلَٰسِلَاْ

*Maalif nuti warra nutti kafareef shanshalata miilli isaanii hidhamuun isaanii qopheysinee jirra,

وَأَغۡلَٰلٗا

*Ammallee, shanshalata harkaafii marmi isaanii walitti hidhamee, ibidda keessan harkifaman isaanii qopheysinee jirra,

وَسَعِيرًا ﴿٤﴾

4}*Ammas ibidda akkaan belbelu, kan isaan waaddu, isaanii qopheessinee jirra.

إِنَّ ٱلۡأَبۡرَارَ

*Warri Rabbitti amanee waan inni dalagaa je'uun dalagee, waan inni dhiisaa je'un dhiisan, jannata itti qanani'an Rabbi biraa qaban

يَشۡرَبُونَ مِن كَأۡسٖ

*Waan warri jannataa qanani'uunirraa tokko, farshoo jannataati dhugan,

كَانَ مِزَاجُهَا كَافُورًا ﴿٥﴾

5}*Farshoo kaafuur itti makhame,tan akka kaafuuritti addaattee, urgooytee, qabbanooytu jechu'u.

عَيۡنٗا يَشۡرَبُ بِهَا عِبَادُ ٱللَّهِ

*Farshoon sun tan akka ija bishaanitti yaatu, tan warri Rabbiiftole irraa dhugu, sani-rraa farsho'otti waa makaniif,

يُفَجِّرُونَهَا تَفۡجِيرٗا ﴿٦﴾

6}*Ija farsho'oo san gabroottan rabbi gara fedhan harkifatan,yoo ija sanitti akheekhanii yaaman ,yoo isaanirraa fagoo jiraatte itti dhufti, yoo gubbaa jiraatan itti baati, ijji farsho'oo sun bakkuma isaan jiranitti itti dhayxi.

يُوفُونَ بِٱلنَّذۡرِ

*Wanni gabroottan Rabbii sun , jannata keessatti qananii zalaalami'ii haqa godhataniif isaan addunya'arratti , waan Rabbii jenneeti dalayna, takkaa dhiifna je'anii if qabsiisan, akkuma je'anitti guutan, akkasuma waan Rabbiin isaan qabsiise kan akka ;salaataa, zaka'aa, soomanaa,kan akka waan gaari'itti nama gorsanii ,wa an hamtu'urraa nama dhowwu'uu faa, dalaga'arra oolchan, ni dalagan jechu',

وَيَخَافُونَ يَوۡمٗا كَانَ شَرُّهُۥ مُسۡتَطِيرٗا ﴿٧﴾

7}*Ammas isaan guyyaa sharriin, yookaa balaan isaa facaatu ,kan guyyaa san keessa samiin baqayxee, gaarri caccaphu sodaatan,yoo Rabbitti balleessine guyyaa san qixaaxamnaa sodatanii, waan itti ajajaman hin dhiisanii, waan irraa dhoowwaman hin dalagan, guyaan sun guyyaa qiyaama'aati,{mustaxiiraa} jechuun; kan faca'u jechu'u.

وَيُطۡعِمُونَ ٱلطَّعَامَ عَلَىٰ حُبِّهِۦ مِسۡكِينٗا

*ammallee isaan nyaata odoo jaalatanuu , odoo itti haajamanuu, nama ha ajamaa nyaachisan,

وَيَتِيمًا
*ammallee ,ilmaan ,abbaan, qabne nyaachisan,

وَأَسِيرًا ﴿٨﴾
8}*Akkasuma nama hidhame nyaachisan

إِنَّمَا نُطْعِمُكُمْ لِوَجْهِ ٱللَّهِ
*warra,nyaachisan .kanaan, wanni je`an

---

wanni is in nyaachifnuuf Rabbii jenneeti , sawaaba isaa barbaadafi, wanni ak-kas isaanin je'aniif akka haajamaan sun haa nuu dalagu'uuf na nyaachisanje'ee, qalbiin hin caphne'ee jecha,

لَا نُرِيدُ مِنكُمْ جَزَآءً وَلَا شُكُورًا ﴿٩﴾
9}*Dubbii tana gad jabees su'uu jecha wanni je'aniin nuti isin nyaachisuu, kanarratti ,isin, galata, yookaa jazaa nuu galchuu isinirraan barbaannu.

إِنَّا نَخَافُ مِن رَّبِّنَا يَوْمًا عَبُوسًا قَمْطَرِيرًا ﴿١٠﴾
10}*Nuti guyyaa nama hamtuu dalage, fuulli ,hammaatee, kan gaarii dalage fuulli ifu san sodaanna, {kgabuusan} jechuun; Fuulli, nama ,gurraachomee ,dottaatu',{qamxariiraa} jechuun; fuulli hammaatuu keessa hoonga gayu', takkaa jabaatu',

فَوَقَىٰهُمُ ٱللَّهُ شَرَّ ذَٰلِكَ ٱلْيَوْمِ
*Sababaa ,isaan ,addunya'arratti , waan

tifii, kan Rabbii guutee ,waan ,ifii .jaalatu ,Rabbii je'ee haajama'aaf kennu ,kan waan gaarii dalagu cinqii guyyaa qiyaama'aa jalaa bayu'uu je'ee dalagu, jara san Rabbiin sharrii, takkaa cinqii guyyaa qiyaama'aa san jalaa baaseti,

وَلَقَّىٰهُمْ نَضْرَةً
*Bareedom ina,qanani'ii ,kan, fu ula isaani ibsu Isaanii kenna, takkaayuu isaanii kennuu dabarsee jira,

وَسُرُورًا ﴿١١﴾
11}*Ammallee,gammachu ,qanani'ii isaanii kenne .

وَجَزَىٰهُم بِمَا صَبَرُوا۟ جَنَّةً
*Sababaa , isaan, addunya`arratti , waan

hamtuu ,hundarraa obsanii if qabanii ,dalaguu dhiisaniif jecha,ammallee sababaa isaan waan gaari'irratti obsanii dalaganiif jecha,ammallee sababaa isaan balaa isaanitti buuterratti sabbaraniif jecha Rabbiin jannata isaanii qopheysee seensisee,

وَحَرِيرًا ﴿١٢﴾
12}*Jannata keessatti hariira isaan owwise

مُّتَّكِـِٔينَ فِيهَا عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِۖ
*Isaan jannata san keessatti sirree babbareeddu'utti irkatanii ,waan Rabbiin achitti isaanii kenne daaw'atanii, nyaatanii, dhuganii, qanani'an,

لَا يَرَوۡنَ فِيهَا شَمۡسٗا
*Jannata san keessatti ow'an argan ,maalif aduun argan jechuun ow'an argan jechu', waan aduun achin jirreef,

وَلَا زَمۡهَرِيرٗا ١٣
13}*Ammallee qabbana hin argan waan qilleen si isaa jiddu jireessa tayeef, takkaa { zamhariira} jechuun; je'a jechu' , ma'naan isaa jannata keessatti adu'uufii ji'an arganii, adu'uufii je'a malee ifa jechu'u,wanni inni ifuun nuura, takkaa ifaa arshi'iitii.

وَدَانِيَةً عَلَيۡهِمۡ ظِلَٰلُهَا
*Gaaddifni, muka, jannataa, isaanitti dhiyaata

وَذُلِّلَتۡ قُطُوفُهَا تَذۡلِيلٗا ١٤
14}*Ammalle midhaan mukasanii isaanitti dhiyeeffama,hanga namni dhaabbatuufii, kan ta'ufii, kan ciisu dhaqqabutti.

وَيُطَافُ عَلَيۡهِم بِـَٔانِيَةٖ مِّن فِضَّةٖ
*warra tole kan jannata seene san meeshaan nyaataa, ammalle tan dhugaati'ii,tan meetarraa tolfamteenitti , nyaata adda addaa fidaniifii irraan naannawan, akka waan fedhan irraa nyaataniif jecha,

وَأَكۡوَابٖ كَانَتۡ قَوَارِيرَا۠ ١٥
**15}***Ammallee, kaasa ,yookaa geeba hoggaa bifa isaa laalan birillee fakkaatu.

قَوَارِيرَاْ مِن فِضَّةٖ
*Geeba, birillee, fakkaatu, kan meetarraa tolfame, kan wanni isa keessa jiru mul'atu,

قَدَّرُوهَا تَقۡدِيرٗا ١٦
16}*Kan warri,isaanirra naannawan sun dhugaatii geeba sanitti fidan, hanguma nama fidaniifitti Likkeessan, kan dhugaatii inni fedhurraa hin ir'anne,kan irraan hafne, maalif dhugaatin mi'oytun tan hanga ati feetutti dhumtu, yoo hafte qalbiin oi balfitii yoo ir'atte qalbiin ta biraati khajeeltii.

وَيُسۡقَوۡنَ فِيهَا كَأۡسٗا
*Warri jannataa sun, jannata keessatti farshoo obaafaman,

كَانَ مِزَاجُهَا زَنجَبِيلًا ١٧
17}*Forshoo zanjabiil itti makhame, kan foolee zanjabiil malee gubiinsa isaa keessaa hin agarre.

عَيۡنٗا فِيهَا تُسَمَّىٰ سَلۡسَبِيلٗا ﴿١٨﴾

18}*Zanjabiil jechuun bishaan ijaa tan jannata keessajirtu,tan salsabiil je'amtu, tan foolen isi'ii akka zanjabiil fakkaaturraa farsho'otti makanii isaan obaasan,kan laaga'atti isaan hin dhaabbanne, mi'aayaa.wanni warri jannataa dhugu qabbanaayu'utti akka kaafuuri, dhandhamatti akka zanjabiili,foole'etti akka shitto'ooti malee, waa isuma addunya'arratti beynu kanaa miti,maalif farshoon aakhira'aa naman haqqisiiftu, aylii naman balleessitu waan hamtuu naman dubisiiftu, duuba namni farshoo addunya'aa dhuge.tan aakhira'aa hin dhugu , maalif nama farshoo addunya'aa dhugu ayli'iitu tuqamaa, namni ayliin tuqamte, waan azaaba isa geessu malee waan jannata isa geessu hin dalagu, tanaaf warri dubbii Rabbii dhagayee farshoo addunya'aa dhiise farshoo aakhira'aa khaasa meetatiin obaafama , tan mataa isa hin dhooyne, tan waan farshoon addunya'aa qabdu hunda hin qabne.

۞ وَيَطُوفُ عَلَيۡهِمۡ وِلۡدَٰنٞ

*warra jannataa san, joollee amma lafaa kaatutu isaan khaddamu'uu jecha, waan isaan itti haajaman hunda isaanii dhiyeessu'uu jecha , isaanirra naannawa, nama waan nyaataa fedhu nyaaehisanii, kan dhugaatii fedhu obaasanii,

مُّخَلَّدُونَ

* Joollen warra gannataa kaddamtu sun ,hin dulloomtuu, haaluma joollumma'aatin teessee isaan khaddamti,

إِذَا رَأَيۡتَهُمۡ حَسِبۡتَهُمۡ لُؤۡلُؤٗا مَّنثُورٗا ﴿١٩﴾

19}Joollee,san, hoggaa,isaan ,adda faca'anii warm jannataa khaddaman,yoo garte bareedomina isaanii keessa ,wanni ati seetu lu'lu'a addaan faea'e, kan bakka hundaa calalaqu, maalif lu'lu'a addaan faca'eetu kan diramerra bareedaa, ammallee mul'ataa.

وَإِذَا رَأَيۡتَ ثَمَّ

* Ammas hoggaa jannata san keessa olii gad mil'attee laalte,

رَأَيۡتَ نَعِيمٗا

*Ni'maa,yookaa ,waan, qanani'ii, tan akkana je'anii, takkaa hangana je'anii himuu hin dandeenye agarta,

وَمُلۡكٗا كَبِيرًا ﴿٢٠﴾

**20}** * Ammas, mootummaa, guddoo rabbiin Jannata keessatti isaanii kenne,tan likkiin qabne agarta, mootummaa, guddoo, sanirraa. Malaaykan ,isaanirratti, salaamrnatu', ammallee Rabbii isaanii argu'u.

عَٰلِيَهُمۡ

*wanni isaan ,gubba'arraan uffatan,

ثِيَابُ سُندُسٍ خُضْرٌ *Hariira bareedaa, furdaa, magarro'oofii,

وَإِسْتَبْرَقٌ *Ammallee hariira qal'aajalaan uffatan,

وَحُلُّوٓا۟ أَسَاوِرَ *Ammallee girjaan faayaman,

مِن فِضَّةٍ *Girja meetarraa tayeen, akkuma kan ziqiyarraa tolfameen faayaman .

وَسَقَىٰهُمْ رَبُّهُمْ شَرَابًا طَهُورًا ﴿٢١﴾ 21}*Rabbiin isaanii jannata keessatti dhugaatii qulqulluu, Xaahira isaan obaasa, sun farshoo aakhira'aatii tan qulqulluu tayuu keessa, fincaan hin taane, tan eega dhuganii huurkaa, yookaa dayfa akka shitto'oo taatee qaamaa nama baatu.

إِنَّ هَٰذَا *Ni'maan ,qananiin .yookaa badhaafni isin warri jannata seene argattan kun,

كَانَ لَكُمْ جَزَآءً * Jazaa keessani,galata waan isin addunya'arratti dalaydaniiti,

وَكَانَ سَعْيُكُم مَّشْكُورًا ﴿٢٢﴾ 22}*Wanni isin dalaydan hundi isinirraa qeebalamte Rabbiin isinirraa jaalatee.

إِنَّا نَحْنُ نَزَّلْنَا عَلَيْكَ ٱلْقُرْءَانَ تَنزِيلًا ﴿٢٣﴾ 23}*Yaa ,ergamaa, kiyya Muhammad, nuti qur'aana sirratti buufnee jirra, xiqqo xiqqoon, suuraa suura'aan, aayata ayataan, hanga qur'aanni hundi sirratti bu'etti, akka waan sirratti bu ufne kana, sun qur'aanaa,gabroottan keenyatti geessituuf jecha sirraa qeebalanuu, qeebaluu baatanuu, ati wanni sirratti jiru isaanumatti geessu'.

فَٱصْبِرْ لِحُكْمِ رَبِّكَ *Waan Rabbiin kee itti si ajaje , sun ergaa isaa geessu'uu, cinqii si dura dhuftu hundarratti obsii, ba'adhuu, itti geessi, kan qeebale haa qeebaluu, kan dide haa diduu, warri waan ati itti geessite sirraa qeebaluu dide sin yaachisin, qixaaxu'uufteenyaa,

وَلَا تُطِعْ مِنْهُمْ ءَاثِمًا أَوْ كَفُورًا ﴿٢٤﴾ **24}** *Nama di inaa keenyaa dura dhaabbatu, kan, dilaayefii,kan kafarellee ,dubbii isaa hin dhagayin, waan isaan yaadan jalan deemin.

وَٱذْكُرِ ٱسْمَ رَبِّكَ *Maqaa Rabbii keetii dhawiitii salaati ,ibaadaa isaa heddommeysi .zikrii isaa heddommeysi,

بُكْرَةً وَأَصِيلًا ﴿٢٥﴾ **25}***ganamaafii ,galgala, akkaa, salaata, sub-hgiidhatiifii ,zuhri'iifii, asrii salaati jechu'.

وَمِنَ ٱلَّيۡلِ فَٱسۡجُدۡ لَهُۥ
*Halkan keessa Rabbiif salaati, takkaa salaata maghribaatifii,ishaa'ii salaati iechu'u,

وَسَبِّحۡهُ لَيۡلٗا طَوِيلًا ﴿٢٦﴾
**26}** *waan Rabbiin hin malIe hundarraa isa qulqulleysi,halkan keessa salaata heddommeysi , cinaa halkanii .takkaa harka lama, takkaa harka sadiyirraa harka tokko salaati,nabi Muhammadirratti salaata sunna'aa kan halkanii salaatun waajiba, ammoo ummata isarratti waajibaa miti, wanni isaanirratti wajabu salaata shanani, ammoo waan biraa salaatun sunna'a, duuba Rabbiin salaata shananiifii, halkan ,dhaabbatuu ,nabi, muhammadirratti ,wajjabsiisee akki je'een,

إِنَّ هَٰٓؤُلَآءِ يُحِبُّونَ ٱلۡعَاجِلَةَ
* Jarri, kuffaaraa ,kun ,addunyaa jaalatan isi'ii dalaguu,malee waan biraa ni dhiisan

وَيَذَرُونَ وَرَآءَهُمۡ يَوۡمٗا ثَقِيلٗا ﴿٢٧﴾
27}*Isaan guyyaa ulfaataa, jabaa isaan, dura, jiru,hin yaadatan,ifirraa dhiisan, waan cinqii guyyaa sanii jalaa isaan baasu hin dalagatan ,guyyaan ulfaatan sun,guyyaa qiyaama'aati, jarri kuffaaraa sun, akka waan nuti guyyaa san keessatti qabri'ii isaan kaafnee,waan isaan dalaganirraa isaan hin gaafanne yaadan,dubbiin akkasii mitii

نَّحۡنُ خَلَقۡنَٰهُمۡ
*numaatu, orma, kuffaaraa, san, dandeytii teenyan uume

وَشَدَدۡنَآ أَسۡرَهُمۡۖ
*Ammallee dandeytii teenyan,human .isaanii jabeessine,bil'iita isaanii walitti hiinee

وَإِذَا شِئۡنَا بَدَّلۡنَآ أَمۡثَٰلَهُمۡ تَبۡدِيلًا ﴿٢٨﴾
**28}***duuba,nuti,yoo,feene,orrna kuffaaraa

---

san ,Iafarraa ,dhabamsiifneti , bakka isaanii ummata biraa finna, akkuma isaan uumetti uumnee ,haa tayuu nuti san hin feenee, bakka Rabbi jalaa itti bayan hin qabanii, itti dhiisi.

إِنَّ هَٰذِهِۦ تَذۡكِرَةٞۖ
*Suuran tun, takkaa aaya anni tun gorsa, kan namni aylii qabu qajeelun, kan wallaalan waa baruun isiin gorsa gabroottan Rabbii hundaati,

فَمَن شَآءَ ٱتَّخَذَ إِلَىٰ رَبِّهِۦ سَبِيلٗا ﴿٢٩﴾
29}*Namni isinirraa, jiruu gaarii addunya'aa, aakhira'aa,fedhe waan Rabbiin isaa je'u dhugo'oomseti, gorsa isaa qabatee , karaa gooftaa isaa deema,ibaadaa heddommeysee yoo milkii fedhe.

وَمَا تَشَآءُونَ إِلَّآ أَن يَشَآءَ ٱللَّهُۚ
*Waa takka waanuma taatee haa taatuu fe-

dhuu hin dandeessan, yoo Rabbiin fedhe malee waa,hundinuu khayri'iifii , sharilleen, harka, isaati jirti namni tokkolleen if qajeelchuu hin dandayu, balaa ifirraa deebisee, khayrii ifitti qabuu hin dandayu, yoo Rabbiin isa uume fedhe malee, maalif kan namaafii waan namni dalagullee uume Rabbii tokkicha,

إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ عَلِيمًا حَكِيمًا ٣٠

30}*Rabbiin kan waan uume hunda, beekhu , kan, dalagaan, isaa akka malee hin taane

يُدۡخِلُ مَن يَشَآءُ فِي رَحۡمَتِهِۦۚ

*Rabbiin ,nama fedhe, gabroottan isarraa jannata isaa seensisa, karaa jannataa isa qabiisa, isaan warra iimaana argatee,

وَٱلظَّٰلِمِينَ أَعَدَّ لَهُمۡ عَذَابًا أَلِيمَۢا ٣١

31}*Ammoo warra isatti kafaree if, miidhe, azaaba, ibiddaa, kan isaan laalessu isaanii qopheessee jiraa, san isaan seensisa